Dawaa Dhukkukkii balleessu (Opioid) fi Dhukkubbii Waan ati beekuu qabdu

Yoo madaa qabaatte, baqeessaa ykn waldhaansa ilkaanii gurguddaa, si dhukkubuun ifa gala. Dhukkubbiin kutaa jireenyaa baratamaa fi wal'aanamaadha. Akkaataa dhukkubbii sirritti ittiin fayyisuu danda'amu balaafama xiqqaadhaan akka arkattu doktora keetii waliin dubbadhu.

WALDHAANSI DAWAA DHUKKUBBII BALLEESSAN MALEEN GODHAMU BALAA IRRA XIQQOO QABA.

Dhukkubbii torbaan tokko ykn lama keessatti badaniif, waldhaansa dawaa dhukkubbii balleessu hin ta'iniitu irra caala. Dawaan dhukkubbii balleessan yeroof laalaa balleessuun si gargaara, garuu yeroo mara hin barbaachisu. Filannoolee bira kanuma akka isaatti gargaaran ta'ee balaa irra xiqqoo qaban laali.

- Dawaa-hayyama-malee bitamu kan dhukkubbii wayyeessu
- Waldhaansa qaamaa
- Sochii qaamaa.
- Gargaarsa ogummaatiin akkaataa miira dhukkubbii ittiin to'atan.

DAWAAN DHUKKUBBII BALLEESSAN AJAJA-HAAKIMAA JAJJABAADHA.

Dawaan laalaa balleessan laalaa hamtuu akka kansar (cancer) ykn Opparaasiyoona gurguddaa booda battalumaan waldhaanuuf fayyadamuun filannoo sirrii ta'uu danda'a. Ta'ullee, Dawaaleen akka "Vicodin", "Percocet" fi "OxyContin humna guddaa qaban akkasuma lubbuu galaafachullee danda'u. Ajajamtee fudhattullee, Dawaan laalaa balleessan marti miidhaa akka araadaa fii sirra kutee si galaafachuu qaban.

DAWAAN LAALAA BALLEESSAN SHANYII HEEROOYIINI FI AKKASUMA HAALAAN ARAADA TA'U

Dawaa laalaa balleessan yeroo keessattiwal fudhatuu ijaaruu dandeessa, saniifuu wayyaa akkasii arkachuuf yeroo hunda heddumminaan ammaas heddumminaan fudhachuu qabda. Hanguma heddummeessituun gaaga'amas baay'ata. Yeroo gabaabduu boodallee araada sitti ta'uu danda'a.

Ajaja-Haakimaa dawaa laalaa balleessani: Baratamoo

Kodiin

Daylawdid

Fentanil

Haydirokodon (Vicodin)

Haydiromorfon

Masodon

Meperedin

Morfin

MS Kontin

Oksimorfon (Opana)

Oksikodon (OksiKontin)

Perkoset

Kanneen dawaalee laalaa balleessan kan haakimaan ajajaman hamma tokko qofa: Yoo haakimni dhukkubbiif siif ajaje, dawaa laalaa balleessu ta'uu gaafadhu.

Yoo haakimni dhukkubbii yeroo gabaabaatiif siif ajaje:

Ajajni haakimaa kun guyyaa sadihii hamma torbaaf kan fudhatamu qofa ta'uu qab (kun yeroo baay'ee kiniina 10 akkasi)

Yeroo irra gabaabaaf kan hamma irra xiqqaa fudhu.

Yeroo mara laalaa to'achuuf ajaja haakimaa dawaa laalaa balleessaniif fudhatuurra doktoraa waliin haawawi.

Dawaa laalaa balleessan akkuma fudhatuu dhaabdeen darbi.*

*King County" faarmaasiilee dawaalee ati hin fayyadamin bilisaan darban hedduu qaba Kan hundarra sitti dhihaatan asirra laali: **www.takebackyourmeds.org.**

Dhugaa dawaa laalaa balleessanii fi mul'ata isaa

WASHINGTON HEALTH ALLIANCE
Leading health system improvement

DR. ROBERT BREE COLLABORATIVE

FACA"INSA BALAA DAWAA LAALAA DHABAMSIISU

Dawaan namarra kutuun **sababa dursa** du'a tasaa Ameerikaa keessaa fi naannoo Washingtan arkamu, ammas araadni dawaa laalaa balleessuu faca'insa balaa kanaa oofaa jira.

Dawaa Araada Hawaasa Ameericaa

Harka 5 irraa 3 **irra guddaan** dawaa namarra kutee nama ajjeesuu dawaa laalaa balleessutu keessatti jira.

Wiirtuu To'annaa Dhukkubaa fi Ittisaa.

Akka biyyooleessatti, **5 keessaa 4** Fayyadamtoota haarawni sirna malee dawaa laalaa balleessan fayyadamuu eegalan.

Dawaa Araada Hawaasa Ameericaa

Washingtan keessa namoonni, **57%** amma heroyiin fayyadaman duraan ajaja haakimaatti irkatanii dawaa laalaa balleessan fayyadamuu turan.

Waajjira Alkoolii UW fi Hubaatii Dawaa

Bara 2015 keessa qofa, namoonni **718** dawaa laalaa dhabamsiisan ofirra dabarsuun du'an.

Qaama Fayyaa Naannoo Waashingtan

IJOOLLUMMAA FI DAWAA LAALAA DHABAMSIISU

1 in 5 Ijoollee dawaan ajajameef irratti yaaliin godhame.

Wiirtuu To'annaa Dhukkubaa fi Ittisaa.

Ijoolleen **cinaan** lilmee heeroyin diratan dawaa haakimni ajaje hubuudhaan jalqaban.

Waajjira Biyyooleessaa Hubaatii Dawaa

4 irraa 10 **irra hedduun** Ijoollee dawaa haakimaan ajajameef sirnaan hin fayyadamnee kabata maatii isaanii keessaa fudhatan.

Walitti-dhufiinsa Ijoollee dawaarraa bilisoomsuuf

Maatiileen 95% Daa'imni isaanii sababa barbaachiseefiin ala dawaa ajajaman akka hin fudhanne amanan.

Walitti-dhufiinsa Ijoollee dawaarraa bilisoomsuuf

DAA'IMMANII & IJOOLLEE TIKSUU.

Yeroo tokko tokko Daa'immanii fi ijoolleen dawaan laalaa balleessu osoo ajajamuufii hin qabne ajajamaaf. Ykn kiniina hamma isaan barbaachisu caalaa ajajamaaf. Ijoolleen dawaa kabata kee keessa jiru fuudhanii yaaluu danda'u.

Yeroo danda'ametti qajeelfamoota salphoo 3n kana hordofi.

1 **HIN GUUTIN** Dawaa ajajamu kan guyyaa 3f ta'u caalaa (yoo guddate kiniina 10) nama waggaa 20 ykn irraa gadii hundaaf.

2 **Daa'immanii fi ijoollerraa** EEGUMSAAN KAAYI.

3 **NAGAYAAN DARBI*** hoggaa dawaa laalaa balleessan irraa fixatte. Ittin dhiheessin.

*King County" faarmaasiilee dawaalee ati hin fayyadamin bilisaan darban hedduu qaba Kan hundarra sitti dhihaatan asirra laali: **www.takebackyourmeds.org.**